# Yeroo ergamaan Rabbii nu keessa turanitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- zakaa fixrii hunda xiqqaa fi guddaa, bilisas ta'ee yookaan gabras, irraa nyaata irraa muddii afur, yookaan baaduu irraa muddii afur, yookaan garbuu irraa muddii afur, yookaan tamrii irraa muddii afur, yookaan zabiiba irraa muddii afur baafna ture

Abuu Sa'iid Al-khudrii irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: Yeroo ergamaan Rabbii nu keessa turanitti -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- zakaa fixrii hunda xiqqaa fi guddaa, bilisas ta'ee yookaan gabras, irraa nyaata irraa muddii afur, yookaan baaduu irraa muddii afur, yookaan garbuu irraa muddii afur, yookaan tamrii irraa muddii afur, yookaan zabiiba irraa muddii afur baafna ture, hanga Mu'aawiyaa ibnu abii Sufyaan hajjiif yookaan Umraaf gara keenyatti dhufetti akkasitti baasuu irraa booda hin deebine, minbara irra dhaabbatee namoota haasofsiise, waan namootatti haasawe keessaa: ani qamadiin shaam ganaan lama, tamrii ganaa afuritti akka qixxaa'u yaada, namoonnis sana fudhatani, Abuu Sa'iid ni jedhe: ani garuu hangan jiraadhetti akkuman duraan baasaa turetti baasuu irraa booda hin jedhu.
[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Muslimoonni yeroo Nabaiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeroo khaliifota qajeeloo booda isaaniitii dhufan keessatti zakaa fixrii xiqqaa fi guddaa irraa nyaata irraa hanga saa'ii tokkoo(ganaa harkaa afur) baasaa taurani. Nyaanni isaanii garbuu, (zabiiba): inaba goge, (Al-aqix): Aannan gogee fi tamira ture. Hangi saa'ii tokkoo muddii afuri, muddiin tokko guutuu ganaa lameenii nama giddu galeessa ta'eeti. Mu'aawiyaan yeruma khaliifaa ta'ee gara midiinaatti dhufe -Rabbi isa irraa haa jaallatu- qamadiin shaam hedduummaatee ture, khuxbaa godhee akkana jedhe: qamadiin shaam muddiin lama(wolakkaa saa'ii) tamira saa'ii tokko akka gituutu natti mul'ata. namoonnis sana fudhatani. Abuu Sa'iid Al-khudriin -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: ani immoo hanga jiruu kiyyaa akkuman yeroo Nabiyyii -Rabbiin rahmtaa fi nageenya isaan irratti haa buusu- keessatti baasaa turetti baasuu tasuma hin dhiisu.

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY

لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC
E-Da'wah Committee